MATA-DUREE WALIIGALAA:
FEDHA WAAQAYYOO—EENYUMMAA TOKKO, KARAA TOKKO, GALMA TOKKO

Ergaa Tokkoffaa
Beekumsa Guutuu Fedha Waaqayyootiin Guutamuu

Dubbisa Caaffataa: Efe. 1:5, 9, 11; Mul. 4:11; Qol. 1:9; 4:12

I. Fedhiin Waaqayyoo hawwii Waaqayyooti; fedhiin Waaqayyoo wanta inni dalaguu barbaadu dha—Efe. 1:9.

II. Gammachuun gaariin Waaqayyoo fedha isaa irraa kan maddu dha; gammachuun gaariin isaa fedha isaa keessatti qabatamee jira, kanaaf fedhi Waaqayyoo kan dursu dha—lk. 5

III. Fedhi Waaqayyoo kaayyoo isaa galmaan ga'uuf murannoo inni qabu dha—lk. 11; 1 Qor. 1:1.

IV. Waaqayyo Waaqa kaayyooti; fedha gammachuu garii mataasaatii kan qabu, wantoota mara kan inni uume kaayyoo isaa raawwachuufi galmaan gahuufi dha— Mul. 4:11; Efe. 3:9-11; Qol. 1:9:

A. Fedhi Waaqayyoo hawwii garasaa, nama waliin walittooma'uu (mingling) isaa, galma ga'uu karoora isaa isa barabaraati— Efe. 1:5, 9, 11; 5:17.
B. Fedhi Waaqayyoo guutama isaa, mul'ina isaa akka taatuuf Nafa Kiristoos argachuu dha— Rom. 12:2, 5; Efe. 1:5, 9, 11, 22-23.

V. Macaafni Qolosaayis macaafa fedha Waaqayyoo ilaallatu dha—1:9; 4:12:

A. Fedhi Waaqayyo macaafa kana keesatti eerame fedha isa isa wantota xixiqqoo ilaallatu miti—fedha isaa isa barbaraa, fedha Waaqayyoo isa guddicha.
B. Macaafni Qolosaayis akka akeekaa fi hawwi isaatti fedhi Waaqayyoo maarlaltoo (universe) keessatti, uumama keessatti, furii keessati, bara isa dhufu keessatti, akkasumas barabaraa keessatti maal akka ta'e mul'isa.

VI. Beekumsa guutuu fedha Waaqayyootiin guutamuu qabna— Qol. 1:9:

A. Fedhi Waaqayyoo Qolosaayis 1:9 irra jiru fedha isaa kaayyoo isaa isa barbaraa ilaallatee jiru, ikoonomii isaa isa Kiristoosiin ilaallatee jiru dha— Efe. 1:5, 9, 11.
B. Beekumsa guutuu fedha Waaqayyoo qabaachuun mul'ata karoora Waaqayyoo qabaachuu dha; kunis Waaqayyo maarlaltoo keessatti maal dalaguuf akka karoorse beekuufi—Rev. 4:11:
    1. Karoorri Waaqayyoo ikoonomii waaqummaa keessatti Kiristoosiin waa mara gochuu dha— Mat. 17:5; Qol. 1:15-18; 3:10-11.
    2. Mul'anni karoora Waaqayyoo shaakala Kiristoos caalaatti akka qabaannuuf karaa nuuf bana—2:16-17; 3:4, 15-16.
C. Nuyiif fedhi Waaqayyoo Kiristoos isa hunda of-keessatti hammataa akka beeknuuf, akka shaakalluufi akka jireenya keenyaatti akka isa qabaannuufi—1:9, 15-18; 3:4.
D. Waaqayyoof akka malutti deddeebi'uun beekumsa guutuu fedha Waaqayyoo qabaachuu irraa kan maddu dha; deddeebiin akkanaa deddeebii nuti itti Kiristoosiin jiraannu dha—1:10; Fil. 1:19-21.

VII. Bilchaannee kan dhaabbanneefi fedha Waaqayyoo guutummaatti kan mirkaneeffanne ta'uu qabna— Qol. 4:12.

Erga Lama

Nama Tokko-Kiristoos Isa waan hundumaa of keessatti haammate

Dubbisa Caaffataa: Qol. 1:9, 12, 15-18, 27; 2:2, 8-9, 16-17; 3:4, 10-11, 15

I. Fedhiin Waaqayyoo Kiristoos keessa, Kirstoos keessattii fi Isaaf walitti qabame; Fedhii Waaqayyoo keessatti Kiristoos waan hundumaadha- 1:9

II. Kiristoos Inni Qolosaayis Keessatti ibsame Isaa waan hundumaa of keessatti haammate, bal'aa, hunda irra kan caalu, Gidduu galeessaa fi waliigala Ikoonoomii Waaqayyooti—Lakk. 15-18, 27; 2:16-17; 3:4, 10-11:

A. Qolosaayis Kiristoos Isaa hundumaa of keessatti haammate mul'isa—Isa Waaqa, namaa fi dhugummaa Wantoota Pozitiivii marmaltoo kana keessa jiraniiti- 2:9, 16-17.
B. Kiristoos angafa Uumama jalqabaa fi uumama haaraatii jechuun Inni Isa waan hundumaa of keessatti hammatee fi bal'aadha jechuudha—1:15, 18.
C. Kiristoos Isa hunduma irra caaludha, Isa waan hundumaa keessatti bakka jalqabaa(dursaa) qabu—Qol.1:18.
D. Kiristoos Inni waan hundumaa of keessatti haammate fi bal'aa ta'e giddugalaa fi waliigala, giddugaleessaa fi naannawaa ikoonomii Waaqayyooti—Matt.17:5; Qol. 1:15-27; Eph. 1:10.

III. Fedhiin Waaqayyoo Kirstoos Inni waan hundumaaa of keessatti haammatee fi bal'aan kun qooda keenya akka ta'udha—1:9, 12:

A. [Qolosaayis] 1:9 irratti fedhii Waaqayyoo Kiristoosin agarsiisa; Fedhiin Waaqayyoo Kiristoos Isaa waan hundumaa of keessatti hammaatee fi bal'aa ta'ee beekuu, shakaluu fi jiraachuu keenyaan wal qabatee gadi fagoodha.
B. Fedhiin Waaqayyoo nuti Kiristoosiin beekuu, shaakaluu, gammaduu, Isaan dhuubamuu, fi Kiristoosiin akka jireenyaa fi namooma keenyaatti qabaachuudha—3:4.

IV. Kiristoos Inni waan hundumaa of keessatti haammatee fi bal'aan akka abdii ulfinaatti keessa keenya jiraata—Qol. 1:27.

V. Kiristoos Inni waan hundumaa of keessatti haammatee fi bal'aan jireenya keenya—Qol. 3:4:

A. Ibsi *jireenya keenya* jedhu Kiristoos Isa waan hundumaa of keessatti hammatee fi Isa dhugummaa wantootaa pozativii ta'an hundumaa ta'e shaakaluuf agarsiistuu guddaadha—2:16:17.
B. Kiristoos jireenya keenya waan ta'eef, wanti inni bira ga'e, wanti inni argate kan keenya ta'a- Rom. 8:34, 10

VI. Kiristoos Inni waan hundumaa of keessatti hammatee fi bal'aan qabiyyee addaa nama haaraa tokkichaati—Qol. 3:10-11:

A. Qabiyyeen waldaa kiristiyaanaa akka nama haaraatti Kiristoos qofa; nama haaraa keessatti kutaan (bakki) kan jiru Kiristoos qofaafii. Sababni isaa Inni nama hundumaadha, nama mara keessa jiraas.
B. Waldaa kiristiyaanaa keessatti akka nama haaraatti nuti Kiristoos keessa, karaa Kiristoosi fi gara Kiristoositti. Akkasumas Kiristoos keessaan Waaqayyoon mul'isuuf Kirstoosiin jiraanna—1:16-17.

VII. **Kiristoos Inni waan hundumaa of keessatti haammatee fi bal'aan nagaa keenya—Lakk. 20; 3:15.**

Ergaa Sadaffaa

Karaa Tokkicha—Fannoo Kiristoos

Dubbisa Caaffataa: Qol. 1:20-22; 2:11-15

I. Kiristoos, enyummaan tokkichi, faallaa waan hundumaati, akkasumas fannichi immoo, karaan inni tokkichi, faallaa karaawwan hundaati – Qol. 1:20.

II. Enyummaan tokkichi – Kiristoos – wiirtuu marlaltooti, karaan tokkichi— fannichi— immoo wiirtuu bulchiinsa Waaqayyooti – 1 Qor. 2:2; 1:17-18, 23; Gal. 6:14:

A. Waaqayyoo wanta hundumaa kan inni bulchu karaa fannichaati, akkasumas wantoota hundumaa kan inni furu fannichaani– Qol. 1:20; 2:14-15.

B. Waaqayyo fannichaan wantoota nagatiivii ta'an maarlaltoo keessa jiran hundumaa fureera, akkasumas ammallee waan hunda kan inni bulchaa jiru karaa fannichaani – Efe. 2:14-16.

III. Macaafni Qolosaayis jireenya Waldaa keessatti Kiristoos hundaa fi hunda keessa ta'u akka qabu nu barsiisa; Wanti Kiristoosiin hin ta'in marti gara fannoo deemuu qaba – 1:18; 3:10-11.

A. Karaa fannichaa nuti homaa ta'uu qabna, homaa kan hin qabneefi homaa dalaguu kan hin daneenye ta'uu qabna.

B. Fanniicha yoo didne (mormine), wanti nuti taane, wanti nuti qabnuu fi wanti nuti hojjechuu dandeenyu iddoo bu'insa Kiristoos ni ta'a – 1 Qor. 1:17-18, 23.

IV. "Waaqayyoo wanta hundumaa karaa Isaa ofitti araarse; dhiiga Kiristos isa fannoo irratti dhangala'eenis lafa irratti, waaqa irratti nagaa buuseera." – Qol. 1:20:

A. Sababa fincila Seexanaa, angafa-maleekkotaa fi ergamoota isa duukaa bu'aniin, samiin faalameera; kanaaf, wantoota lafa irra jiran qofa osoo hin ta'in, wantootni samii irraas Waaqayyootti araaramuun isaan barbaachisa – lk.20.

B. Akka cubbamootaatti furiin nu barbaachisa, akka dinootaatti immoo araaramuun nu barbaachisa – lk. 14, 21-22.

V. "Innis katabbii seeraa seeraa kan nuun mormuu fi diina keenna ta'e sana haqee mismaaraan fannoo irratti fannisee karaa irraa balleesseera." – 2:14 (H.W.H.):

A. *Katabbiiwwan (toorri*) seeraa inni jedhu sirna seera ayyaanaa aadaasaa wallin kan agarsiisaani, isaanis sirnoota karaalee jireenyaafi waaqeffannaati– Efe. 2:15.

B. *Mismiraan fannoo irratti fannses* jechuun abboommiiwwan sirna seera balleesseeraa jechuu dha.

VI. "Fannoo irrattis warra qilleensa irraa gooftummaa qabanii fi humna qaban harka duwwaa hambisee bakkeetti isaan mul'isuudhaan salphisee isaan agarsiise." – Qol. 2:15:

A. Hojiin Kiristoosin, Waaqayyoon akkasumas bulchitoonni maleekkota hamoo fi aangoowwan, fannicharatti xiyyeeffannoo jala galanii turani; kanaaf, fannichi karaa Waaqayyoo isa barabaraa, isa giddu-galeessaa, isa tokkochaafi addaa ta'eera—lk. 14-15:

1. Fannifamuu isaatiin Kiristoos furii raawwachuuf ifaaje, akkasumas Waaqayyo Abbaan immoo cubbuutti muruu fi seericha fannoo ittatti mismiiraan fannisuuf hojjechaa ture– lk. 14.
2. Yeroo walfakkaataatti, hamootni warri gooftummaa fi humna qaban Waaqayyoo fi Kiristosiitti siiqani, hojii Waaqayyoo fi Kiristoos moormuudhaaf muuddamarra turani; kanaan, fannoo irratti moormiin ture.

B. Waaqayyo bulchitoota maleekkota hamoo fi aangoowwan fannoo irratti ifa baasee uummatatti isaan mul'ise, isaan mo'ate, isaan qaanesse – lk. 15.

GALMA TOKKO-- WALDAA AKKA NAFA KIRISTOOSITTI

Dubbisa caaffataa: Qol. 1:18; 2:19; 3:15; 4:15-16

I. Kiristoos Mataa Nafichaati; Nafichis waldaa dha—Qol 1:18:

A. Waldaan Nafa Kiristoos akka taate arguu qabna; qaama Waaqa sadan-tokkichaa fi filamtootaa fi furamtoota isaa irraa ijaarsamtee (constituted) dha—Efe. 1:22-23; 4:4-6

B. Nafichi hiikoo keessoo waldaa ti; Nafichi utuu hin jiru ta'ee, waldaan miira hin qabdu; hiikas hin qabaattu—1 Qor. 12:12, 27; 1:2.

C. kiristoos mataa akka ta'ee fi nuti immoo bu'aa-dhagnaa Nafichaa akka taane hubachuun baay'ee murteessaa dha—Qol 1:18; 2:19; Efe.4:15-16:

1. Naficha keessa jiraachuun miseensota Nafichaa wajjin waloodhaan Maticha jalatti jiraachuu dha.
2. Jireenya Nafichaatiin jiraachuuf, nuti Maticha jala ta'uu fi Maticha akka jireenya keenyaatti, wanta ijoo fi akka giddu-galeessa eenyummaa keenya guutuutti fudhachuu qabna—Qol 1:18; 2:19.
3. Qajeelfamni jalqabaa Nafa Kiristoos keessa jiraachuuf aangoo Matichaaf abboomamuu dha—Efe.4:15:
   a. Kiristoos mataa Nafichaati, jireenyi akka fedhetti yaa'uu kan danda'u yommuu inni guutummaa guutuutti to'atuu dha—Lak.16.
   b. Itti gaafatamummaan tokkichi Nafichi gara Mataatti qabu ilaalcha, yaada, dhiheessii yaadaa tokko malee abboomamuu fi bitamuu dha—Yoh 21:20-22; HoE 13:1-4.

II. Nafichi guddina Waaqayyootiin guddata—Qol 2:19:

A. Guddinni Nafichaa keenyatti guddachuu Waaqaa, dabalamuu Waaqaa fi ida'amuu irratti hundaa'a—Efe, 4:16.

B. Waaqayyo guddina kan kennu karaa qabatamaa ta'een ofii isaa nuuf kennuu isaatiini—Efe. 3:16-17.

1. Waaqayyo guddina nuuf kennuu jechuun dhugumatti ofii isaa nuuf kennuu isaa jechuudha—1 Qor 3:6-7.
2. Caalaatti yommuu Waaqni nutti ida'amu, caalaatti ofiisaa nuuf kenna—Efe. 4:15.

III. Nafa tokkicha Kiristoos keessatti nuti gara nagaa kiristoositti waamamne, innis Kiristoosuma mataaisaati—Qol 3:15:

A. Kiristoos qaama ofii isaatiin sirna seeraa gargarbaasaa sana cabsuu isaatiin, innis, diinumaa balleessuu isaa fi Yihudootaa fi Ormoota keessaa nama haaraya tokko uumuun, nagaan amantoota hunduma gidduutti bu'e—Efe. 2:15.

B. Jireenya Nafichaatiif nuti nagaan kiristoos garaa keenya keessattii fi walitti dhufeenya nuti miseensa Nafichaa waliin qabnu keessatti waan mara akka murteessu eyyamuu qabna—Qol 3:15.

IV. Akka bu'aawwan-dhagnaa Nafichaatti, hubatiinsa Nafichaa fi Nafichaaf miira qabaachuutu nu irra jira—1 Qor. 12:25-26; Rom.12:15:

A. Akka phawuloos, miira Matichaa akka miira keenyaatti fudhachuu qabna; kun jireenya Nafichaa jiraachuu keenyaaf isa baay'ee barbaachisaa dha—Fil.1:18.

B. Wanti nuti goonu kamuu Naficha hirmaachisa; kanaaf, waan goonu hunda keessatti, qaamaaf of eeggachhuutu nurra jira, Naficha akka seera sammuu, yaada, jechaa fi gochaa keenyaatti fudhachuu qabna—1 Qor. 12:12-27; 2 Qor. 8:21.

V. **Nafni addaa Kiristoos naannoo baay'ee keessatti akka waldaa naannoo sanaatti mul'ata—Qol 4:15-16; Efe. 4:4; Mul. 1:4, 11:**

A. Nafni tokkichi waldaa tokkicha waaqayyoo kan naannoo baay'ee keessatti akka waldaa naannoo baay'eetti mul'atuu dha—Mat. 16:18; 18:17; Efe. 1:22-23; 2:21-22; 1 Qor. 1:2; 12:27.

B. Waldaan naannoo mul'ina Nafa Kiristoos naannoo tokko keessaati—1 Qor.1:2; 10:32, 17; 12:12-13, 20, 27.